



# Eeggumsa Daa'immanii yookan mana baruumsa sadarkaa jalqabaatif daa'imman mana turuu kan qaban yoomidha?




## 1. Daa'imni kee sa'aatiwwan 24 darban keessatti hoo'a, qufaa, goga kokkee yookan cufamuu funyaanii qabaa?



- Daa'imman kee mana tursiisi
- Daa'imni kee COVID-19 qoratamuu qaba

Daa'imni kee funuuna/yookan furrii qabaata taanan fii wanti biraa kan itti dhaga'amu hin jiru taanan, daa'imni eeggumsa daa'immanii/ mana barnootaa deemuu ni danda'a fi qorannoo COVID-19 ia hin barbaachisu.

This also applies if the child has known allergies.




### Daa'imni qabbana qaba taanan haakimaaf bilbili, akkasumas:

- Daa'imni taphachuu hin barbaadu yookan si'aayina hin qabu taanan.
- Daa'imni hoo'a qaamaa, dhukkubbii maashaa, fedhii nyaataa dhabuu, hoqqisiisa, balaqamsiisa yookan marmtoo qaba taanan.
- Daa'imni hafuura baafachuu irratti hanqina qaba taanan fi/yookan yeroo boqonnaa isaatti kan baratamee ol hargana taanan.

Daa'imman xixiqqoon waan isaanitti dhaga'ame ibsachuu dadhabuu malu akkasumas nyakkisee fi boo'uu malu. Daa'imni kee dhukkubsateera jettee yaadda taanan haakima kee yookan tajaajila fayyaa yeroon alaa qunnamuu qabda.

## 2. Qorannoo COVID-19 qabaachuu mul'isaa?



EYEE

Daa'imni kee dirqama mana turuu qaba. Haala daa'imni kee saaxilama ta'e kana keessatti bulchiinsi magaalaa kee ati fi maatiin kee seera kam hordofuu akka qabdan isiniif himu.



LAKKI

Daa'imman kee itti wayyaa'eera taananii fi hoo'a qaamaa hin qaban taanan mana barnootaa yookan eeggumsa daa'immanii deemuu ni danda'u.

Daa'imni kee mallattoolee sassalphoo akka jiidha/furrii funyaanii, qufaa salphaa qabu taanan ammas mana barnootaa deemuu ni danda'u.